Maatii Sanada Ijoo Dubbii

# Bu'aa Qorannoo Poosatiivii:

## Beeksisa Bu'aa Iskiriinii Saamuda Dhiigaa

Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii Minnesota

**Elevated IRT and 2 CFTR Variants Identified, Family Fact Sheet—Oromo**

# Immunoreactive Trypsinogen (IRT)Ol ka'aa (IRT) fi 2 CFTR Jijjiiramaa Adda Ba'e (Lamaanuu CF-Kan Namatti Fidan)

## Qorannoo wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii irratti maaltu argame?

Qorannoon wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii yeroo dhalatan walitti qabameen daa'imni keessan IRT sadarkaa olaanaa akka qabu mirkanaa'eera. IRT'n pirootiinii xannacha rajiijiitiin hojjetameedha. IRT'n sababoota hedduudhaan olka'uu danda'a, kanneen keessaa dhukkuba sanyiin darbu kan siistiik faayibroosisii (CF) jedhamu dabalatee. IRT'n olka'aa sababii tureef, saamudi dhiigaa daa'ima keessanii jijjiiramaa (jijjiiramoota) 39 baay'ee beekaman qaccee sanyii/jiinii CF fidu (jiinii CFTR) irratti qoratameera. Daa'imni keessan jiinii siistiik faayibroosisii irratti jijjiirama tokko akka qabu argameera.

## Kana jechuun maal jechuudha?

Daa'imni keessan tarii CF qabaachuun isaa kan oolu miti.

## Itti aansuun maaltu ta'a?

Doktariin mucaa keessanii ispeeshaalistii CF irratti muuxannoo qaban waliin giddu-gala siistiik faayibroosisii keessatti qorannoo dabalataa taasisuuf ni gargaara. Ispeeshaalistiin sun wal'aansa yaalaa jalqabuuf daa'ima keessan dafanii ilaaluu barbaadu. Mucaan keessan CF qabaachuu isaa mirkaneessuuf qorannoo dafqaa ni taasisu.

## Siistiik faayibroosisii jechuun maali?

CF'n dhukkuba furriin furdaa, akka haphee kan wayitti qabatu akka uumamu kan taasisudha. Furriin kun rakkoo hafuura baafachuu fi infeekshinii sombaa fiduu danda'a. Furriin kun qaamni nyaata bulleessuun/caccabsuun akka rakkisu gochuu danda'a.

## Rakkoo fayyaa kan akkamii fiduu danda'a?

CF'n tokkoon tokkoo daa'imaaf addaa addadha. CF'n dhukkuba umurii guutuu rakkoolee fayyaa hamaa fiduu danda'uudha. Daa'imman CF qaban kan irratti mul'atu:

- Ulfaatina qaamaa gadibu'aa
- Bobbaan akka mucuceessaa ykn zayitaawaan ba'uu
- quucaruu
- Qufaasisuu fi humnaan hafuura baafachiisuu
- Infeekshinii sombaa

Daa'imman CF qaban wal'aansa ariifataa fi of eeggannoo qabu irraa fayyadamoo ta'uu danda'u.

## Filannoowwan wal'aansaa akkamiitu jiraa?

CF irraa fayyuun kan hin danda'amne ta'us, mallattoon isaa yaalamuu danda'a. Wal'aansotni kennamuu danda'an kanneen gadii of keessatti qabachuu danda'u:

- Inzaayimoota ajaja ogeessa fayyaatiin kennaman nyaata akka gaariitti xuuxuuf gargaaran
- Nyaata fayyaaleessa, kaalorii baay'ee of keessaa qabu
- Viitaaminoota
- Qorichoota infeekshinii ittisuu fi hafuura baafachuudhaaf gargaaran
- Karaalee furrii somba keessaa qulqulleessuuf gargaaran

Daa'imman CF qaban doktora isaanii idilee fi doktora CF irratti ispeeshaalistii ta'e ilaaluu qabu.

**Maddeen Odeeffannoo**

**Wabiilee Genetics Home Irra jiran:**
http://ghr.nlm.nih.gov

**Mucoolii Karaa Qorannoo Faawundeeshinii Baraaruu:**
www.savebabies.org

**Qorannaa Jalqabaa Mucaa:**
www.babysfirsttest.org